# سُورَةُ نُوحٍ
# Suuraa Nuuhg

*Dura dursoo suuran tun suuratu {nuuhg} je'arnti

قبل كل شئ هذه هي سورة نوح

*Isiin suuraa makkaati

وهي مكية

*Aayaanni , isiidhaa , diiddamii , saddeeti yookaa, diiddamii sagali {28} {29},

وآياتها ثمان وعشرون او تسع وعشرون

*Lakkooysi isi'ii torbaatamii tokko {7I}

وترتيبها ( ٧١ )

*Isiin eega suuraa nahgliitii buute

نزلت بعد سورة النحل

*jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Nuti nabiyyicha {nuuhg} je'amu tokko, ummata isaa, kan Rabbitti kafaretti erginee jirra,

إِنَّآ أَرۡسَلۡنَا نُوحًا إِلَىٰ قَوۡمِهِۦٓ

*Ummata kee kana sodaachisii, akka amanan godhi jenneenii,

أَنۡ أَنذِرۡ قَوۡمَكَ

1}*Odoo, yoo ,amanuu, baatan azaabni isaan laalessu, isaanitti hin dhufne, addunya'aafii aakhira'attillee, dafii dhaqqabii, akka amananii jalaa bayan godhi, nabi nuuh ergamoota Rabbiin qur'aana keessatti dubbaterraa kan sadeessa'aati.

مِن قَبۡلِ أَن يَأۡتِيَهُمۡ عَذَابٌ أَلِيمٞ ١

2}*Duuba,nabi{nuuh} ummata isaa kan jallate sanitti dhaqee,akki je'een;yaa ummata kiyya,an isin qajeelchu'uufan isinitti dhufee, takkaa ergamee, dirree bayeetii.

قَالَ يَٰقَوۡمِ إِنِّي لَكُمۡ نَذِيرٞ مُّبِينٌ ٢

*Wannin an isiniinje'u;Rabbii isin uume ibaadaa ,tokkummaa isaa yaadaa, waan biraain Rabbi hin je'inaa

أَنِ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ

*Rabbi sodaadha'aa,waan hamtuu dhiisaadhaa,

وَٱتَّقُوهُ

3}*Waanin an isiniin je'u dhagaya'aa waan gaarii dalagaa.

وَأَطِيعُونِ ٣

*Rabbiin balleysaa,san dura dalaydan isiniif dhiisaa,

يَغۡفِرۡ لَكُم مِّن ذُنُوبِكُمۡ

وَيُؤَخِّرۡكُمۡ إِلَىٰٓ أَجَلٖ مُّسَمًّىۚ *Ammas,azaaba odoo kafartanii adduny-

a'arratti isinitti bu'u,isinirraa boodaa aansaa, hanga duutanitti nagayaan tees-sanii amanaa ,rabbiin yoo amanuu baattan,azaabni isinitti bu'aa, addunya'aa aakhiraa ni baddanii beekaa,

إِنَّ أَجَلَ ٱللَّهِ إِذَا جَآءَ *Azaabni Rabbiin ,yoo amanuu baattan isinitti buusu ,yoo dhufe,takkaa yaroon isaa geesse

لَا يُؤَخَّرُۚ *Waytii, takkaa yaroo sanirraa boodan aanuu ,gaafas maa amanuu oolle jettaniiti sheenoytanii, haa tayuu sheenan isin hin fayyadduu, ar'a dubbii tiyya dhagaya'aa, Rabbii tokkichatti arnanaa,

لَوۡ كُنتُمۡ تَعۡلَمُونَ ٤ 4}*Odoo silaa akkas beytanii daddaftani-

iti amantan.yookaa Rabbii isin uume dhugo'oomsitan,akka addunya'aafii aakhira'atti azaaba Rabbii jalaa nagaya dhabanii, amanuu dinnaan. Baatan ,haa tayuu isaan dubbii nabi {nuuh} dhagayuu dhabanii amanuu dinnaan

قَالَ رَبِّ إِنِّي دَعَوۡتُ قَوۡمِي لَيۡلٗا وَنَهَارٗا ٥ 5}*Nabi Nuuh akki je'e : yaa Rabbi an ummata kiyya. Halkanii guyyaa walitti dhaabee, karaa keetitti yaamee .

فَلَمۡ يَزِدۡهُمۡ دُعَآءِيٓ إِلَّا فِرَارٗا ٦ 6}*Haa tayuu yaaminsin an isaan yaame, karaa iimaanarraa isaan fageessuu malee, waan biraa isaanii hin idaane.

وَإِنِّي كُلَّمَا دَعَوۡتُهُمۡ لِتَغۡفِرَ لَهُمۡ *An ,hoggaadhan akka isaanii araaramtu'-uuf gara kee isaan yaame , takkaa iimaa-natti isaan gorse hunda,

جَعَلُوٓاْ أَصَٰبِعَهُمۡ فِيٓ ءَاذَانِهِمۡ *Akka gorsa kiyya hin dhageenye'eef je-cha, qubbeen isaanii gurra keessa kaay-anii, gurra qabatan,

وَٱسۡتَغۡشَوۡاْ ثِيَابَهُمۡ *Ammas argaa tiyya jibbansaaf je'cha, huccuu isaanitiin if hagooganii ,takkaa wayaa isaanii ifitti maranii if dhoysanii,

وَأَصَرُّواْ *Kufri'irratti didanii,

وَٱسۡتَكۡبَرُواْ ٱسۡتِكۡبَارٗا ٧ 7} *Sitti amanu'urraa if guddisan.

ثُمَّ إِنِّي دَعَوۡتُهُمۡ جِهَارٗا ٨ 8}*Isaan akkasitti na dhagayuu dinnaan, ka'eetan qooqa ol fuudhee yaame,laIlabee

ثُمَّ إِنِّيٓ أَعۡلَنتُ لَهُمۡ وَأَسۡرَرۡتُ لَهُمۡ إِسۡرَارٗا ٩

9}*ammas yaaminsa isaanii itti fufeetuman ,hoggaa garii .takkaa zamana garii mulisee ,hoggaa garii dhoysee .iimaanatti isaan yaame , akkana jechuun: karaa maraanan isaan yaame jechu'uu.

فَقُلۡتُ ٱسۡتَغۡفِرُواْ رَبَّكُمۡ

*Akkin je'een:amana'aa Rabbii, keessanirraa araarama barbaadaa

إِنَّهُۥ كَانَ غَفَّارٗا ١٠

10}*Rabbiin kan nama isatti amanee araara isarra barbaadef araaramuu.

يُرۡسِلِ ٱلسَّمَآءَ عَلَيۡكُم مِّدۡرَارٗا ١١

11}*Yoo isiin itti amanta nii khadhattan rooba isinirraa cite kana, isiniif roobsa . rooba isin quubsu kan miidhan keessan jirre.

وَيُمۡدِدۡكُم بِأَمۡوَٰلٖ

* Ammas horii isinii heddommeysa,

وَبَنِينَ

* Ammas ilmaan isinii heddommeysa,

وَيَجۡعَل لَّكُمۡ جَنَّٰتٖ

*Ammallee masnoo hedduu, ooyruu hedduu isinii magarsa,

وَيَجۡعَل لَّكُمۡ أَنۡهَٰرٗا ١٢

12}*Ammallee lagootii hedduu isiniif yaasaa.

مَّا لَكُمۡ لَا تَرۡجُونَ لِلَّهِ وَقَارٗا ١٣

13}*Duuba maalif isin, Rabbiin keessan isin Guddisuu hin barbaanne, takkaayuu hin Khajeelle sababaa isatti amanu`uutin inni nama isatti amane ar`aafii borullee guddisaa mee maali wanni isin argattan argattan, kan Rabbiin is in guddisuu barbaadu'urraa isin dhoowwu ? .

وَقَدۡ خَلَقَكُمۡ أَطۡوَارًا ١٤

14}*Kanuma,rabbiin,keessan isin uumee jiru, lsinii haala tokkorraa haala kaanitti dabru,dura bishaan dhala'aafii dhiirarraa bayee,eegasii gadaameysa haadhaa keessatti dhiiga tayee,eegasii foon tayee, eegasii nama guutuu tayee ,akkasitti dhalattanii, mee maalif akka Rabbiin itti isin uume hin laalle? Namni akka itti uumame beeke, Rabbii isa uume ni beekhaa, itti amanaa, maalif, namni yoo gad qabee uumaa ifii laale, akka ifiin ifin uumin ni beekha , akka namni isa uume, kan argu, kan hagayu, kan beeku, kan rabbiin guddoo qabu, kan waan uume hin daganne taye ni beekha, achirraa namni beekkomsa naa kenne ni beeka, kan argaa naa kenne ni arga,kan dhagayaa naa kenne ni dhagaya jechaa beekha.

*Si akka Rabbiin samii rabbiin, itti uume hin agartanii?,

أَلَمْ تَرَوْا۟ كَيْفَ خَلَقَ ٱللَّهُ سَبْعَ سَمَٰوَٰتٍ

15}*Wal gubbaa godhee, kan wal hin tuyn'e.

طِبَاقًا ﴿١٥﴾

*Kan ji'a isii keessatti uumee , ifaa halk-anii godhe

وَجَعَلَ ٱلْقَمَرَ فِيهِنَّ نُورًا

16}* Kan aduu sami keessatti uumee ifaa jabaa dukkana halkanii deemsisu godhe.

وَجَعَلَ ٱلشَّمْسَ سِرَاجًا ﴿١٦﴾

17}Rabbiin biyye'erraa isin magarse, tak-

وَٱللَّهُ أَنۢبَتَكُم مِّنَ ٱلْأَرْضِ نَبَاتًا ﴿١٧﴾

Kaa , isin uume abbaa keessan { aadam }biyye'erraa walitti qabee uumee, eegasii hawwaa isarraa uumee, eegasii isaan lamaanirraa ilmaan isaanii uume , eegasii ilmaan isaanirraa isin uumee, akkanatti Rabbiin lafarraa tak-kaa biyye'erraa uumaa teessan jalqabe.

*Ammas Rabbiin lafa keessatti isin dee-bisa, eega duutanii, keessatti awwaalam-u'uun,

ثُمَّ يُعِيدُكُمْ فِيهَا

18}Ammas Rabbiin guyyaa qiyaama'aa lafa keessaa isin baasa, eega isin jiraach-isee, waan addunya'arratti dalaydanirraa isin gaafatu'uu jecha.

وَيُخْرِجُكُمْ إِخْرَاجًا ﴿١٨﴾

19}*Rabbiin dachii isinii bal'isee jira.

وَٱللَّهُ جَعَلَ لَكُمُ ٱلْأَرْضَ بِسَاطًا ﴿١٩﴾

* Akka,isii keessa karaa godhatanii dee-mtaniif,

لِّتَسْلُكُوا۟ مِنْهَا سُبُلًا

20}*Karaa babal'aa kan irra deemun isin

فِجَاجًا ﴿٢٠﴾

hin dhibne, kan akka feetanitti isi'irra jiraatuu dandeessan,duuba nabi {nuu-hg} orma kuffaaraa san waan odoo gad qabanii laalanii, Rabbitti nama ama-nsiisu, kan akka uumaa lubbuu isaanii, kan akka uumaa da chi'ii sami'iifaa, laalaa Rahbitti amanaa, galata isaa galchaaje'ee, isaan gorsinaan, dhagayuu didanii, kufri'irratti goggogan, kan amata takkaa bara dhib sagaliifii shan-tama keessa taa'ee isaan gorsuu ture

*duuba iaan itti manuu dinnaan akki je'e ; yaa Rabbi ummanni kiyya waanin an je'u-un qeebaluu, takkaa eehamuu didee,

قَالَ نُوحٌ رَّبِّ إِنَّهُمْ عَصَوْنِى

21}*Ormi kuffaaraa xixiqqaan, orma kuf-

وَٱتَّبَعُوا۟ مَن لَّمْ يَزِدْهُ مَالُهُۥ وَوَلَدُهُۥٓ إِلَّا خَسَارًا ﴿٢١﴾

faaraa gurguddaa, horiiifii,ilmaan heddommaatu, kan hori'iifii, ilrnaan isaa kufri'ifii jail ina malee, waan biraa isaan ida'in jala deemanii kafaran, takkaa Ra bbii isaanii moraman.

وَمَكَرُواْ مَكۡرٗا كُبَّارٗا ٢٢

22}* Ammoo orrni kuffaaraa gurguddaan ormi kuffaaraa xixiqaan jala yaa'ee jallatu sun.mala badaa gurguddaa yaadan takkaayuu warra isaan jala deemu san qabsiisan.

وَقَالُواْ

*Wanni isaan warra xixiqqaa isaan jala deemun je'an

لَا تَذَرُنَّ ءَالِهَتَكُمۡ

*waan{nuuhg} je'u dhageessanii mukaafii , dhagaa takkaa suuraa Rabbi godhattanii ibaaduu turtan hin dhiisinaa,

وَلَا تَذَرُنَّ وَدّٗا

*Sibiila Rabbi jennee tolfanne, kan {wadda} je'amu, hin dhiisinaa,

وَلَا سُوَاعٗا

*Ammallee sanarna {suwaa' } je'arnu hin dhiisina'aa, gabbaraa,

وَلَا يَغُوثَ وَيَعُوقَ وَنَسۡرٗا ٢٣

23}* Ammallee sanama yookaa taabota {yaghuuth} je'amuufii ,kan {yakguuq} je'arnu.akkasurna sanama {nasri} je'amu hin dhiisinaa ibaadaa je'anii ,iimaanarraa nama ittisan, sanamo onni shanan dubbanne sun, waan ummanni {nuuhg} ibaaduu ture keessaa, kan irra gurgudda'aati.

وَقَدۡ أَضَلُّواْ كَثِيرٗاۖ

*Ormi kuffaaraa gurguddaan namni jala yaa'u sun.sanarnoota saniin.narna hedduu karaa Rabbirraa jallisan, suuran tun ,takkaa namni kun Rabbii keessanii ibaadaa je'anii nama jallisanii,yaa Rabbii akkamin taya, je'ee nabi {nuuh} Rabbitti himate, duuba Rabbiin nabi {nuuhin} akki j e'e.yaa {nuuh} ummata keetirraa, wa rra tanaan dura sitti amane malee , namni biraa hin amanuu beekhiije'een,duuba nabi {nuuh} hoggaa ormi kuffaaraa sun hin amanuu hubatu, warra amanuu dhab uun itti muramte san abaaree akki je`e

وَلَا تَزِدِ ٱلظَّٰلِمِينَ إِلَّا ضَلَٰلٗا ٢٤

24}*Yaa Rabbi, warra akkatti nama jallisu san, jallina malee waan biraa hin ida'iniif, akka azaaba jabaa ida'ataniif jecha

مِّمَّا خَطِيٓـَٰٔتِهِمۡ أُغۡرِقُواْ

*Duuba sababaa ormi sun, Rabbitti kafareef jecha, bishaan isaan liqimse, takkaa bishaanin awwaalamanii,

فَأُدْخِلُوا۟ نَارًا

*Ibiddatti darbaman,eega bishaanin dhumanii isaan qixaaxu'uu jecha,

فَلَمْ يَجِدُوا۟ لَهُم مِّن دُونِ ٱللَّهِ أَنصَارًا ﴿٢٥﴾

25}*duuba ormi sun, nama azaaba Rabbii isaanirraa deebisu hin arganne, Rabbii achitti

وَقَالَ نُوحٌ رَّبِّ لَا تَذَرْ عَلَى ٱلْأَرْضِ مِنَ ٱلْكَـٰفِرِينَ دَيَّارًا ﴿٢٦﴾

26}*Nabi nuuh akki je'e: yaa Rabbi warra sitti kafare sanirraa, nam tokkollee lafarrattin dhiisin, {dayyaaran} jechuun: tokkollee jechu'.

إِنَّكَ إِن تَذَرْهُمْ

*yaa rabbi yoo warra jallate san lafarratti dhiifte,

يُضِلُّوا۟ عِبَادَكَ

*Gabroottan keeti jallisan,

وَلَا يَلِدُوٓا۟ إِلَّا فَاجِرًا كَفَّارًا ﴿٢٧﴾

27}*Nama Rabbitti dilaayu kan rabbitti kafaru malee, isaan waan biraa hin dhalanii ,wanni nabi {nuuh} akka na je'eef zamana dheeraa isaan keessa taa'eti akka abbaan ilma isaatii dhaamee {nuuh} khijiba'aa ittin amaninje'uun argee dhagaye.

رَّبِّ ٱغْفِرْ لِى وَلِوَٰلِدَىَّ

*Yaa Rabbi, haadhaa abbaa kiyyaaf araarami, waan isaan amananiif jecha,

وَلِمَن دَخَلَ بَيْتِىَ مُؤْمِنًا

*Ammallee nama mana kiyya seenelle'eef araarami,

وَلِلْمُؤْمِنِينَ وَٱلْمُؤْمِنَـٰتِ

*Yaa Rabbi,warra dhala'aafii dhiiran hanga guyyaa qiyaama'atti sitti amanu hundaaf araarami,

وَلَا تَزِدِ ٱلظَّـٰلِمِينَ إِلَّا تَبَارًۢا ﴿٢٨﴾

28}*Ammoo warra sitti kafare badii malee waan biraa hin ida'iniif je'ee Rabbi khadhatee,akkasitti Rabbiin warra isatti amanuu dide hunda waan isaan qabaniin wajji, bishaan itti gad lackisee fixe, kan warra safiinaa nabi {nuuh} tolche yaabbate malee, namni biraa hin hafin .